# XIINXALA MALA QOODDACHIISUU ASOOSAMA CABA CABAAN CABEE SEENAA TAHE

**QORATTUUN: BURTUKAAN NAGAASH**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII AARTII AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI QUUNNAMTII GAMISAAN GUUTTACHHUF DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKLOORII KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII YUUNIVARSIITII FINFINNEE**

**FULBAANA, 2014/2021**
**FINFINNEE**

# XIINXALA MALA QOODDACHIISUU ASOOSAMA CABA CABAAN CABEE SEENAA TAHE

**QORATTUUN: BURTUKAAN NAGAASH**

**GORSAAN: BIINIYAAM JAMBAREE (MA)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILATII AARTII AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI QUUNNAMTII GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKLOORII KOLLEEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII YUUNIVARSIITII FINFINNEE**

**FULBAANA, 2014/2021**
**FINFINNEE**

**Baafata**

**Qabiyyee** **Fuula**

Baafata ........ i

Galata ........ iii

Axereera ........ iv

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 1

1.1 Seenduubee Qorannichaa ........ 1

1.2 Ka'umsa Qorannichaa ........ 2

1.3 Kaayyoowwan Qorannichaa ........ 3

1.3.1 Kaayyoo Gooroo ........ 3

1.3.2 Kaayyoowwaan gooree ........ 3

1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 3

1.5 Daangaa Qorannichaa ........ 4

1.6 Hanqina Qorannichaa ........ 4

1.7. Malaawwan Qorannicha ........ 4

1.7.1. Saxaxa Qorannichaa ........ 4

1.7.2. Mala Iddattoo Qorannichaa ........ 5

1.7.3 Mala iddatteessuu ........ 5

1.7.4. Madda Ragaalee ........ 5

1.7.5. Mala Ragaan ittiin xiinxalame ........ 5

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ........ 6

2.1. Maalummaa Ogbarruu ........ 6

2.2. Maalummaa Asoosamaa ........ 7

2.3. Gosoota Asoosamaa ........ 8

2.4 Birkiilee Asoosamaa ........ 9

2.4.1 Jaargocha (plot) ........ 9

2.4.2 Waldiddaa (Conflict) ........ 9

2.4.3. Ija seenessaa ........ 9

2.4.4 Yoomessa (setting) ........ 9

2.4.5 Ergaa ........ 10

2.4.6 Qooddattoota (Characters) .......... 10
2.4.6.1. Qooddattoota Gaheen Qooduu .......... 10
2.4.6.1.1 Qooddataa Goobangaleessa .......... 11
2.4.6.1.2 Qooddattoota Masaanuu .......... 11
2.4.6.1.3 Qooddattoota xixiqqoo (gargaartuu) .......... 11
2.4.6.2 Qooddattoota Amalaan Qooddachiisuu .......... 12
2.4.6.2.1 Qooddattoota Jijjiiramoo (dyamic characters) .......... 12
2.4.6.2.2. Qoddattoota sanumee (achumee) .......... 12
2.4.7. Ulaagaalee Qooddattoonni Asoosama keessatti ittiin mul'ifaman .......... 12
2.4.7.1 Hawaasummaa .......... 13
2.4.7.2 Dinagdee .......... 13
2.4.7.3 Xiinsammuu .......... 13
2.4.7.4. Fudhatamummaa Qabaachuu Qooddataa .......... 14
2.5. Sakatta'a Barruu Walakkii .......... 14
BOQONNAA SADII: QAACCESSA RAGAALEE .......... 16
3.1 Ibsa Gabaabaa waa'ee Asoosama Caba Cabaan Cabee seenaa Ta'e .......... 16
3.2. Qooddattoota Gaheen qooduu .......... 17
3.2.1. Goobangaleessa .......... 17
3.2.2 Qooddattoota Masaanotaa .......... 18
3.2.3 Qooddattoota Gargaatuu (Xixxiqqoo) .......... 19
3.3. Amala qooddattootaa .......... 19
3.3.1. Qooddattoota jijjiiramoo .......... 19
3.3.2 Qooddattoota Sanumee /Achumee .......... 20
3.4. Ulaagaalee Qooddattoonni ittiin Beekaman .......... 21
3.4.1 Hawaasummaa .......... 21
3.4.2 Fudhatama Qabaachuu .......... 22
BOQONNAA AFUR: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO .......... 23
4.1. Cuunfaa .......... 23
4.2. Argannoo .......... 23
4.3. Yaboo .......... 24
Wabiilee .......... 25

## Galata

Hunda dursee waaqa na uumee, na jiraachisee, waan hundatti na eegee sadarkaa kanaanna na ga'eef galanni haa ta'u. Isaatuu, waan hundumaatti na gargaaree akkan guyyaa kana argu na taasise.

Qorannoon kun akka galma ga'uuf yeroofi beekumsa isaanii osoo hinqusatin na gorsa ogummaa naaf kennaa turan gorsaa koo Biiniyaam Jambaree waaqni umrii keessaan haa dheeressu. Gorsi keessan milkaa'ina qorannoo kanaaf gumaachaa olaanaa taasiseera. Ulfaadhaa; galatoomaa!

Maatii koo akkan baradhee nama ta'uuf, na guddisuu koo irraa eegalanii hangaan baradhee sadarkaa kana gahutti natti dadhabaa turan abbaa koo obbo Nagaash Hirphaa, harmee koo aadde Geexee Garbaafi obboleessa koo Takkaa Nagaash galanni ani isiinif qabu dhuma hinqabu. Hojiin kun gargaarsaafi hamilee keessaniin galma gahe. Waqni umrii keessan naaf haa dheeressu.

## Axereera

*Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa malleen qooddachiisuu asoosama "Caba Cabaan Cabee seenaa Ta'e" xiinxaluudha. Hangan qorannoo mata duree kana waliin wal fakkaatu ilaaluuf yaaleetti qorannoo muraasatuu geggeeffamee jira. Kanumarraa ka'uun gaaffilee qorannoo kanaa deebisuuf yaaleera. Malli qorannoo kanaa mala akkamtaatti dhimma bahuun yommuu tahuu, mala akkamtaa keessaas miti-carraadha. Mit- carraa keessaa ammoo, mala akkaayyodha. Kunis gaaffilee qorannichaa fakkeenya lamaafi isaa oliin ibsuun xiinxala geggeesseera. Argannoowwan gurguddoon qorannoo kanaa ga'ee qooddattooni asoosamichaa qaban goobangaleessa ,masaanotaa, ulaagaa dinagdee, hawaasummaa, xiinsammuu, fudhatama qabaachuu qooddata irraati hundaa'ee qooddachiiseera. Akkasumas, qooddattoonni asoosama kana keessatti amala dammaqqoofi riphoo qabaniin agarsiifamanii jiru.*

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1 Seenduubee Qorannichaa

Dhalli namaa jiruufi jireenya isaa geggeessuuf waantota garaagaraatti dhimmaa bahaa ture. Isaan keessa tokko ogbarruuudha. Ummata Ogbarruutti dhimma bahaa ture keessaa sabni hortee Kuush kan tahe sabni Oromoo isa tokko ture. Haata’u malee dhiibbaa mootummoonni gita bittoota Habashaa irraa gahaa ture irra kan ka'e, ogbarruu irratti yeroo dheeraaf qorannoo geggeeffamaa hinturre. Kunis jibba afaanichaafi saba kanaaf qaban irra kan maddeha. Akkuma afaan isaa irra dhiibbaan gahaa ture, ogbarruun Oromoos dhiibbaa jala ture. Qorannoon irratti geggeeffamaa hinturre.

Ogbarruun kan hawaasni jiruuf jireenya isaa ittiin ibsatuu keessaa hangafa.Yaada kana ilaaalchisee Asafaa (2009:16), "Ogbarruun waa'ee uummataa uummataaf deebisee kan dhiyeesu, daawwitii jiruufi jireenya dhala nama kan mul'isudha "jedha. Yaada kanarraa kana hubannu, Ogbarruun kan keessatti gaariifi yaraa, ilaalan kan waa'een hawaasaa keessatti madaaalamu akka tahedha. Fedhasaa (2013:7) gama isaatiin "Ogbarruun kalaqaa sammuu ilmaa namaa ta'e ogummaafi dandeettii, aadaafi duudhaa, falaasama, haala jiruufi jireenya akkasumaas dhageettii keessoo ofii gaddaafi gammachuu kan ittiin ibsatanidha" jedha. Kun kan agarsiisu hojiin ogbarruu kalaqa akka tahe, wantoota hawaasni tokko qabu ibsuufis tahe, baatee deemuuf humna akka qabudha.Yaada kana bu'uureffachuun hiika hayyoonni muraasni ogbarruuf kennan yoo ilaalle, Melakneh (1999:1), hayyuu sirw releigh wabeeffachuun yoo ibsu, <<literature is a creative work of art wich express the truth ofexprience interms of beauty to be comprehended andit is a means of communicating idea of intellecual significances>> jedha. Yaada kanarraa kan hubannu, ogbarruun ogummaa hojii kalaqaa kan muuxannoo bifa bareedina qabuun akka hubatamuu danda'utti ibsuufi karaa walii-galtee yaada hayyootaa akkasumas yaada hawaasa barbaachisan akka ta'eedha. Kanaaf yaadolee hawaasa keessa jiran karaa ogbarruutiin hubachuun kan danda'amu ta'uu isaa as irraa hubachuu ni dandeenya.

Dabalataanis, Ogbarruun jiruufi jireenya hawaasni tokko bu'aa ba'ii jireenyaa keessatti nama mudatan gaariis ta'u gadhee, ciminaas ta'u dadhabbinaafi kan kana fakkaatan kan ittiin ibsataniidha. Yaada kana Wasaneen (2008:176), irratti akka ibsutti, " Ogbarruun aadaa hawaasa

tokkoo dhalootaa dhalootatti kan dabarsu darbaa dabarsa dhuudhaa, amantii, falaasamaafi haala jiruuf jureenya hawaasati" jedha. Kun immoo Ogbarruun daawwitii hawaasa tokkoofi kan hawaasichi keessatti ofi ilaaludha. Hawaasa tokko irratti maaltuu akka raawwatameefi isa raawwatame deebisee dhalootatti kan himu ogbarruudha.

Geetachoon (2008:133), akka ibsutti "Ogbarruun hojii kalaqaa ta'ee akka fedhii, gammachuu gadda, hawwii, jaalala, jibbaa fi kan kana fakkaatan miidhagsee hojii ilmi namaa walitti qindeessee agarsiisudha" jedha. kana jechuun ogbarruun hojii sammuu waa uumuu kan dhala namaa keessa jiru yoo ya'u, kun immoo bifa miidhagaa ta'een kan mul'isuudha jechuudha.

Akka hayyoonni baayyee jedhanitti ogbarruun bakka lamatti qoodama. Isaanis ogbarruu barreeffamaafi ogbarruu afaanii jedhama. Ogbarruun barreeffama immoo asoosama, diraamaa, walaloo fa'a of keessatti qabata. Asoosamni hojii kalaqaa arga yaada barreessaatiin taatee dhugaa irratti hundaa'ee bocamudha. Innis caacculee (utubaalee) akka qooddattootaa, waldiddaa, jaargocha, yoomessaafi ergaa irraa ijaarame. Qooddattoonni asoosama namootaa arga yaada bareessaatiin uumamanii seenicha keessatti qooda fudhatanidha.Haaluma kanaan qorannoon kun caacculee asoosamaa keessaa qooddattoota irraati taha. Innis Qooddattoota asoosama dheeraa "CABA CABAAN CABEE SEENAA TAHE" kan jedhu irrattidha. Qorannichis boqonnaalee Afur kan of keesaatti qabatu yommuu tahu, Boqonnaan tokko Seensa. Innis seenduubee qoraannoo, ka'umsa qorannoo, kaayyoo qorannoo, barbaachisummaa qorannoo, Daangaa qorannoo, hanqina qorannoofi malaawwan qorannoo of keessaa qaba. Boqonnaan lama waa'ee Sakkatta'a barruuti. Boqonnaan sadii xiinxala ragaalee qaba. Boqonnaan dhumaa Cuunfaa, argannoofi yaboo qabatee dhiyaateera.

### 1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Qorannoo tokko sababa mata isa malee hingeggeeffamu. Yaadni ka'umsaa jiraachuun dirqama. Haaluma kanaan yeroo ammaa kanaa asoosamoonni Afaan Oromoo baay'inaan maxxanfamaa jiru. Baayyachuun isaanii qorannoon irratti hin geggefamu taanaan gatii hin qaban. Qorannoon kitaabilee kana waan cimsuuf. Sababni isaa qorannoon saayinsaawaa waan taaheef, asoosama keenya gara saayinsiitti fiduuf gargaara. kana malees barreessitoonni baayyee yeroo asoosama barreessan qooddattota uumuu irratti baayyee rakkatu. Qorannoon kun immoo rakkoo kana kana furuuf kahumsa godhate. kana malees qooddattonni asoosama keessaa maqaa, amalaafi gahee

adda addaan beekamu. Qoraannoon kunis isaan kana furuuf kahe. Dabalatanis, asoosama keessatti barreessitoonni yeroo tokko tokko maqaa wal fakkatu gargaaramu. kun immoo barbaachisa hin fakkaatu. Qorattuunis gama isheen gaaffilee armaan gadii qorannooshee keessatti deebisuuf yaaltetti.

1) Qooddattoonni asoosamichaa gahee maalii qabu?
2) Amaloota qooddattoonni asoosamichaa qaban maal fa'i?
3) Ulaagaaleen asoosamichaa kan akkamiiti?

## 1.3 Kaayyoowwan Qorannichaa

### 1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa "Xiinxala Qooddattoota asoosama dheeraa CABA CABAAN CABEE SEENAA TAHE" irratti kan xiyyeffatedha.

### 1.3.2 Kaayyoowwaan gooree

Kaayyoowwan murta'aa qorannoo kanaa kanneen ta'aan:

- Gahee qooddattoota asoosamichaa addaan baasuu.
- Amala qooddattoota asoosamichaa ibsuu.
- Ulaagaalee qooddachiisuu asoosamichaa ibsuu

## 1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun faayidaa armaan gadii kennuu danda'a. Isaanis:

- ❖ Hanqinoota gama qorannoo ogbarruu Oromoon jiraaniif haga tokko niguuta.
- ❖ Namoonni gara fuula duraattii asoosama barreessaan yoo qorannoo kanatti haalan gargaaraman akkaataa ittiin qooddattoota uuman nihubatu.
- ❖ Waa'ee qooddattootaa ilaalchisee, namoota qoraannoo geggessuu barbaadaniif karaa ni saaqa.
- ❖ Hubannoofi beekumsa qorannoo kanarraa argataniin namoonni asoosama barreessan hojjii cimaa akka hojjetaiif nigargaara.
- ❖ Yaadrimee waa'ee ogbarruu haga tokko yaada hayyoota giddugaleessa godhatee ni eera.
- ❖ Yaadrimee qooddattootaa irratti hubannoo gahaa ni kenna.

## 1.5 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo geggeeffamu daangaa mataasaa niqaba. Sababni isaa humnaafi qabiyyee keenya wajjiin kan deemu filachuun dirqama. Haluma kanaan qorannoon kun asoosamoota Oromoo jiraan keessaa qooddattoota asoosama dheeraa " Caba Cabaan Cabee Seenaa Tahe" jedhu irratti xiyyeeffatee xinxalamee jira. Haalli xiinxala isaa yaad-rimeewwan waa'ee qooddattoota irratti hayyoota garaagaraan lafa ka'ame giddu galeessa godhateeti. Qooddattoota asoosama kana keessaa jiraan gaheefi amala isaanii irratti hunda'uun xiinxalamee jira.

## 1.6 Hanqina Qorannichaa

Qorannoon tokko wayita geggeeffamu hanqinoonni garaagaraa qaama qorannoo geggeessu mudachuu danda'u. Haaluma kanaan qorattuun wayita qorannoo kana geggeessaa turtetti, rakkooleen adda addaa ishee mudataniiru. Rakkoolee kana keessaa inni tokko rakkoo qorannoo walfakkii akka garaatti argachuu dhabudha. Haa ta'u malee qorannoo muraasaa argate irraa ka'uun, tooraa Intarneetii garaagaraa gargaaramuun rakkoo kana jalaa bahuu dandeesseeti. Rakkoon biraa qorattuu mudate rakkoo 'koompiyutara' dhabuu yommuu tahu, rakkoo kana jalaa bahuuf maallaqa mataa ishee gargaaramuun qorannoo kana barreesisuun rakkoo kana jalaa bahuu dandeessee jirti.

## 1.7. Malaawwan Qorannicha

Adeemsa qorannoo keessatti mala qorannoo garaagaraatuu jira. Malaawwaan kunis kaayyoofi akaakuu qorannoo bu’uureffata.

### 1.7.1. Saxaxa Qorannichaa

Yeroo hamma asoosamoonni Afaan Oromoon barreeffaman baayyinaan mul'ataa jiru. Qorattuunis asoosamoota jiraan keessa asoosama dheera "Caba Cabaan Seenaa Tahe" jedhu filachuun xiinxaltee jirti. Akaakuun qorannoo kanaas akaakuu qorannoo akkamtaatti dhimma baateetti. Sababnisaa qorannoon akkamtaa ragaa jechaan ibsa waan taheef. Yaada kana Addunyaa (2011:63) yemmuu deggeru, "Qorannoon tokko haala ibsuu irratti kan xiyyeeffate yoo tahe, saxaxni isaa ibsaadha. kan ibsamuus odeeffannoo jechaanidha. Saxaxni isaa akkamtaadha" jedha. Yaadni kun qorannoon akkamtaa ragaa jechaan akka ibsu nutti hima.

### 1.7.2. Mala Iddattoo Qorannichaa

Mala iddattoo qorattuun dhimma itti baate mala mit-carraa keessaa ta'ee, kitaaboota asoosamoota Oromoo keessaa kitaaba asoosama dheeraa "Caba Cabaan Cabee Seenaa Tahe" filachuun qorannoo geggeessitee jirti.

### 1.7.3 Mala iddatteessuu

Qorattuun qorannoo kana yeroo geggeessaa turtetti mala iddatteessuu akkayyootti dhimma baateetti. Kana jechuun ragaalee kitaabicha keessaa argaman jechaan ibsaa xiinxala geggeessitee jirti.

### 1.7.4. Madda Ragaalee

Madda ragaa tokkooffaafi lammaffaa jedhamuun maddi ragaalee bakka lamatti qoodama. Maddoota kana lamaan keessa qorattuun maddoota ragaa tokkooffaa  gargaaramtee jirti. Akka madda ragaa tokkoffaattis, kitaaba asoosama dheeraa "Caba Cabaan Cabee Seenaa Tahe" dha. sakkatta'a barruulee adda addaas yaada qorannoo kanaa wal simsiisuuf itti gargaaramtee jirti.

### 1.7.5. Mala Ragaan ittiin xiinxalame

Qorattuun qorannoo kana geggeessuuf mala sakkatta'a dookimeentiitti dhimma baateetti. Kunis asosama " Caba Cabaan Cabee Seenaa Tahe" jedhu gadi fageenyaan dubbisuun yaadota qorannoo kana walqabatan gadi fageenyaan ergaa dubbistee booda ragaalee asoosamicha keessaa walitti qabatteen irratti xiinxala geggeessitee jirti. Qorannoon geggeefame kunis irra caalaa amalaafi gahee qooddattoonni asoosamicha keessatti argaman qaban irratti hundaa'ee xinxalame.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

## 2.1. Maalummaa Ogbarruu

Ogbarruun ogummaa waa uumuu ta'ee, kan muuxannoo jiruuf jireenya haqarrati bu'uuressinufi akka namaaf ga'uu danda'uutti miidhagsinee kan ittiin ibsinudha. Yaada kana Asafaa (2009) yoo ibsu, "Ogbarruun kalaqa sammuu ta'ee, jechoota filatamoodhaan yaada barbaade afaaniinis ta'e barreeffamaan mi'eessee, miidhagsee dhalootaaf dabarsa" jedha. Kana jechuun ogbarruun waan barreeffameefi kan afaanis ni haammata akka jechuudha. kana malees ogbarruun waan kalaqaa tahuu, waan miidhagina qabu tahuufi daddarbuu kan dandahu tahuu nutti hima.

Fedhasaa (2017:36) gama isaan "Jechi 'Ogbarruu' jedhu kalaqa sammuu muuxannoofi mudannoo dhala namaa ibsu hunda of keessatti haammata. Innis kan namni afaaniin yookiin barreeffamaan yaadasaa ibsatudha" jedha. Yaadni kun Asafaa irraa gargaaramuu kan qabu hinfakkaatu. Ogbarruun hojii kalaqaa tahuusaa hubanna. Hojii kalaqaa qofaa osoo hintaane, achumaan waan hawaasni dabarsee as gaheefi yeroo ammaa keessa jiran nutti hima. Karaaleen ittiin daddarbus afaaniifi barreeffama tahusaa nutti hima. Afaaniin daddarbuu immoo irra caalaa warra Ogbarruun isaanii haalan hinqoratamiin (Ogbarruu warra Afrikaati). Ogbarruun saba Oromoo as keessatti argama.

Yaaduma Ogbarruuf hiika kennuu kana ilaalchisee Misgaanuu (2012) yoo ibsu, "Ogbarruun bu'ii ba'ii hawaasni tokko keessa darbe galmeessee kaa'a" jedha.Yaadni kunis namni jireenya isaa keessatti maal dabarsee akka as gahe, imala jireenya dhala namaa wajjiin walqabata. kana yoo jennu taatee addunyaa kanaas haala dhala namaa hima akka jechuuti.

Ogbarruunis dameewwaan garaagaraa ofkeesaatti qabata. Dameewwaan kunis kaan kan barreeffamaati kun ammoo kan afaaniiti. Jechuunis afaaniifi barreeffamaan daddarba jechuudha. Warri Ogbarruu barreeffamaa jedhama kanneen akka walaloo, diraamaa (dohii), asoosamaa fa'i. Isaan kana keessaa asoosama irratti xiyyeefanna. Ogbarruun barreeffamaa kan bifa barreeffamaan dhalootaa dhalootatti darbu ta'ee gosoota barreeffamaa kanneen akka asoosama, walaloofi diraamaa fa'a of keessatti kan hammatuudha.  Akkasuma asoosamni gosa Ogbarruu barreeffamaa keessaa tokko kan ta'ee ogbarruu barreeffamaa jalatti kan hammatamuudha.yaada kana ilaalchisee

Beekan (2013:8), yoo ibsu ilmi namaa barreeffamaan of ibsuu osoo hin eegalin dura afoola, fakkiifi boca adda addaan yaada isaa ibsachaa ture.  Afoolli damee adda addaa kanneen akka mammaaksaa, durdurii, sheekkoo, hiibboofi kanneen kana fakkaatan kan qabu yoo ta'u, Ogbarruun immoo dameelee kanneen akka Asoosama, walaloo, diraamaafi kanneen biroo of keessatti hammata. Yaada kanarraa kan hubannu ogbarruun kan dhalli namaa barreeffamaan ergaa walii daddabarsaniidha.

**2.2. Maalummaa Asoosamaa**

Asoosamni hojii nam-uumtee kan kalaqa arga yaada barreessaan taatee dhugaa addunyaa kanaa bu'uureffachuun kalaqamudha. Gooreen isaa damee ogbarruu barreeffamaa jalatti ramadama. Hiika ogbarruu jedhu kana namni Smith(1997:4) yoo ibsu, "...the word fiction refers to any narratives literature created from the author's imagination rather than fact.In specific sense,the world fiction is commonly used to the short story,the novella,and novel" jedha. Yaanni kun asoosamni yaada barreessaan kan dhiyaatu tahee, asoosama gabaabaa, asoosama giddugaleessaafi asoosama dheeraatti qoodee ibsa. Fedhasaa (2017:96) yoo asoosamaaf hiika laatu

> *Asoosamni arga yaada barreessaatiin kalaqamee suuraa jireenya dhala na-maa addunyaa keessatti kaasee kan mul'isudha.muuxannofi mufannoo ha-waasa tokkoo haala jiruufi jireenya muuxatu mul'isuuf sammuu barreessaaKeessatti kalaqamee waraqarratti mul'ata.Dubbistoonni haala sana irraa muu-  xannoo isaanii yaadatu*.

Yaada kanarraa kan hubachuu dandeenyu asoosamni hojii kalaqaa tahuusaati. kunis kan abbaan arge barreessuu osoo hin taane, dandeettii kalaqaa warra qabaniin akka barreeffamu agarsiisa. Muuxannoofi mufannoo jiruufi jireenya ibsa. Hawaasni kun maaliin beekama, maal hojjechuutti beekadha. Mufannoo ammoo tarii hawaasa kana maaltuu dallansiisee jira jedhee erga ilaalee booda kan barreessudha. Namni dubbisuus erga dubbisee ilaalee booda jiruufi jireenyasaa keessatti ilaallata; ofiifi naannoosaa madaala. Asoosamni gosoota ogbarruu barreeffamaa keessaa tokko ta'ee, seeneffama sababaafi bu'aa bu'uureffatee tartiiba ta'iinsotaafi raawwii garaagaraa kanneen akka nam fakkii, yoomessa, waldiddaafi kan birootiin gochi ijaaramaa kan deemudha.

Asoosama jechuun wanti tokko osoo hin taane, garuu wanta ta'uu danda'u waan dhugaa fakkaatu seenaa dhugaa ta'uu kan danda'u jechuudha. Addunyaa akka waan harkatti qabatanii namatti

fakkeessa. Warra hin beekne wajjin akka boo'an, gammadan, gaddan, rakkataniifi dhiphatan nama taasisa. Kana malees Asoosamni yaada barreessaafi dubbisaa walitti fida. Namoonni dubbisan yaada sammuu isaanii akka burqisiisan taasisa. Asoosama kanas bakka lamatti qoodnee ilaaluu dandeenya. Isaanis asoosama gabaabaafi asoosama dheeraadha.

Asoosamni dheeraan seenessa bal'aa kan ofkeessaa qabu waan ta'eef akka hojii kalaqaatti kan fudhatamuudha. Tartiiba ta'iinsa muuxannoo ilma namaan walqabsiisee kan dhiyaatudha. Asoosamni dheeraan kalaqa seenessa hololoo dheeraa namaafi amaloota dinqisiisaafi gaddisiisaa ta'an haala dhokataa ta'een yookaan fuuldura waraabameen fedhiifi muuxannoo namootaa kan dhiyaassudha.

Yaada kana ilaalchisee Misgaanuun (2011:108), akka ibsetti asoosama dheeraa qaaccessuu keessatti waan guddaatu qaaccessaa irraa eeggama. Akka asoosama gabaabaa walaloofi barruu xiqqoo tokko waan hin taaneef, nama qaaccessu tokko keessatti miira hedduu uuma. Asoosama dheeraa qaaccessuun hangam dadhabsiisaa yoo ta'eyyuu, waan hedduu barachuuf carraa guddaa qaba. Sababni isaas ergaawwan gurguddoofi xixiqqoos ofkeessatti kan hammatu, akkasumas nama asoosama dheeraa qaaccessuuf barnoota kan dabarsu muuxannoo hojii cimaa kan kennuudha.

**2.3. Gosoota Asoosamaa**

Hayyoonni akkaatuma beekumsa isaaniitti asoosama akaakuu garaagaraatti qoodanii ilaalu. Qooddiin kunis yeroo turtii dubbifamee xumuramuu danda'uufi qabiyyee ofkeessatti qabatu irratti hundaa'a. Akkaatuma kanaan asoosama gabaabaa, asoosama giddu galeessaafi asoosama dheeraa jechuun qoodu.

Kanas Smith(1997:4) "...in specific sense the word fiction commonly used to the short story,novella,and novel" jedhu irraa kaanee beekuu dandeenya. Isaan olii keessaa dhimmi hojii keenyaa asoosama dheeraa wajjiin walqabata.

Asoosamni dheeraa asoosamoota gosa hundaa caalaa dhimmoota hedduu kan of keessatti qabatudha. Akkasumas dhimmoota qabiyyeen bal'aa ta'antuu as keesaatti mul'ata. Dhimma baaqqee osoo hintaane, goloota garaagaraa seenee dhimmoota hunda kaasuu danda'a.

## 2.4 Birkiilee Asoosamaa

Asoosamni qaamolee irraa ijaaramu qaba.Qaamoleen kunis bakka tokkotti maqaan ittiin waamaman birkiilee (caacculee) jedhamu. Asoosamni tokko dirqama qaamoolee kanneen ofkeessatti haammachuu qaba. Isaanis Jaargocha, waldiddaa, yoomessaa, ija seenessaa, qooddattoota(namfakkilee)fi ergaa fa'i.

### 2.4.1 Jaargocha (plot)

Jaargochi gochoonni walduraa duubaan walitti hidhatanii qindaa'un sababaafi bu'aa walitti hidhuun ta'insa gochootaa kan agarsiisudha. Yaada kana ilaalchisee Fedhasaa (2017) Jaargochi haala seenaa asoosama tokkoo sababaafi bu'aan walqabatee tooran ijaaramuufi ijaarsa gochootaati.Yaadni kun hiika sababa waan tokkoo waan biraan tahuu isa jedhu nutti hima. kanaalees walitti hidhamiinsa gochoota kan ilaallatudha.

### 2.4.2 Waldiddaa (Conflict)

Waldiddaan birkiilee asoosamaa keessaa bakka qooddattonni itti walitti bu'anidha. Qooddattoonnis qooddataa akka isaanii wajjiin, ofiisaa wajjiin, uumaama wajjii...yeroo walitti bu'an argina. Seenaa asoosamaa keessatti wantoonni waldhabbii uuman kanneen akka dinagdee, hawaasummaa, siyaasaafi kkf tahuu danda'u. Mormiin kunis alaafi keessa fakkaattii irraa kahuu dandaha.

### 2.4.3. Ija seenessaa

Iji seenessaa kallattii seenaan asoosamaa ittiin himamudha. Barreessaan asoosamaa gaafa asoosama tokko barreessuu ramaddii tokkoffaan 'ani' jechaa, ramaddii sadaffaan 'isa, ishee, isaan' jechaa barreessuu danda'a. Iji seenessaa ramaddii sadaffaan barreeffamu ija hunda beek (kan waan hunda beeku) jedhama. Sababni isaa gaafa barreessu loogii kamirraa bilisa tahee barreeffama.

### 2.4.4 Yoomessa (setting)

Yoomessi jechoota "yoomii" fi "eessa" jedhuun walqabata. Fedhasaa(2017) yoomessi wantoota sadii kan of keessaa qabudha. Isaanis yeroo seenaan sun keessatti raawwate, bakka seenaan sun

itti raawwatefi haala hawaasummaa seenaan sun irratti kalaqame fa'a. Yaadni kun yoom kan jedhuuf sa'aatii, guyyaa, ji'aafi bara ofkeessatti qabata. Bakka seenaan itti raawwatamufi haala seenaan kan jedhu hawaasni kun garboomaa moo bilisoomaa, sooressaa moo hiyyeessa, haala siyaasaafi dinagdee kan ofkeessatti qabatudha.

### 2.4.5 Ergaa

Asoosama keessatti ergaan hiika (meaning) asoosamichaati. Kanaafuu, ergaan yaada ijoo yokiin qaama asoosamaa barnoonni irraa fudhatamudha. Ergaan rakkoodhaaf ibsa kenna, murtee seeraa akeeka, akkasumas ilaalcha yokiin gocha karaa sirriifi sirnaawaa ta'een waldhabbii furuu dandeessisu akka furmaataatti dhiyeessa.

### 2.4.6 Qooddattoota (Characters)

Qooddattoonni namoota arga yaada barreessaatiin uumamanii asoosama keessatti hirmaachifamanidha. Namoonni kun addunyaa kanarratti waan dhalli namaa hojjetu hojjechuun seenaa asoosamaa keessatti seenaa dalagu yokiin seenaan irratti raawwatama. Yaada kana Fedhasaa (2017:103) yoo ibsu, "Namoonni barreessaan kalaqe sun lubbuun hinjiran. Nama fakkaatanii jiru malee, nama dhugaa miti. Garuu seenicha keessatti akkuma namaatti raawwilee addaa addaa raawwatu" jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu qooddattoota barreessatuu akka lubbuu qabaatan godhee uuma malee lubbuu hinqaban. Qooddattootaa ulaagaa addaa addaan qoodamuu danda'u. Ulaagaan qooddii kanaas amalaafi gahee tahuu mala.

#### 2.4.6.1. Qooddattoota Gaheen Qooduu

Asoosama keessatti qooddattoonni gahee hojii isaanii irratti hundaa'un bakka garaagaraaatti qoodamuu danda'u. Fedhasaa (2017) seenaa asoosamaa keessatti qooddattoota gahee hojii isaanii irratti hundoofnee bakka gurguddoo lamatti qooduu dandeenya. Isaanis namfakkilee gurguddoofi namfakkilee xixiqqoodha. Akka yaada kanarraa hubannutti, seenaa fuulduraatti deemsiisuu keessatti warreen gahee bahatan akka ta'an nutti agarsiisa. Qooddatoonni gurguddoo bakka lamatti qooddataa ijoofi masaanuu jedhamuun beekamu. Qooddattooni xixiqqoon masaanotafi gargaartuu jedhamaniis niqoodamu. Haa ta'u malee qooddattanii qoodataa goobangaleessa, Masaanotaafi qooddattoota gargaartuudha.

#### 2.4.6.1.1 Qooddataa Goobangaleessa

Goobangaleessi seenaa asoosamaa keessatti kan iddoo olaanaa qabudha. Seenaan asoosamichaa isa giddugaleessa godhatee barreeffama. Dubbistootaa biratti jaallatamummaa guddaa kan qabuufi dubbistoonni eessaan baha jedhanii waa'ee isaa irratti xiyyeeffatanii kan deemanidha. Kana malees kaayyoo tokko qabatee galmaan gahuuf kan carraaqqii taasisudha.Yaada kana Harry Shaw(1976) yoo ibsu "The leading character of a drama,novel, or other litary work is a protagonist.He is always the principal and central character" jedha. Akka yaada kanaatti qooddatan ijoo qooddattoota biroof annisaa tahee kan sochoosudha. kanaaf qooddattoota jiran keessaa hangafaafi giddu-galeessadha.

#### 2.4.6.1.2 Qooddattoota Masaanuu

Masaanonni seenaa asoosamaa keessatti warra faallaa goobaan-galeessaa dhaabbatanidha. Isaanis, goobangaleessa dura dhaabbachuun falma taasisu. Yaada kana Fedhasaan (2017:107) yoo ibsu, "Namoonni kaayyoo hayyuduree gufachiisuuf deemuun waldiddaa finiinsaan waldiddaa jedhamu" jedha. Akka yaada kanarraa hubannuutti hojiifi kaayyoon masaanotaa inni guddan nageenya goobangaleessa sarbuudha. waan inni hojjechuuf deemu dura dhaabbachuun gufuu itti tahu.

Asoosama keessatti amala masaanumma kan qabu dirqama nama qofa. wantoonni hojii hayyuu duree dura dhaaabbachuun danqaa itti tahaan hundadha. Masaanonni faallaa goobaangaleessaa tahanii seenaa asoosamaa waldiddaan daandii jaargochaa qabachiisudha.

#### 2.4.6.1.3 Qooddattoota xixiqqoo (gargaartuu)

Qooddattonni xixiqqoon seenaa asoosamaa keessatti warri barbaachisummaan isaanii muraasa tahedha. Seenicha fuuldura deemsiisuu keessatti gaheen isaanii muraasa. Yaada kana Harry Shaw. (1976:72) yoo ibsu " Flat/minor character is a minor participant in a fiction, one who is characterized briefly by only or two of those basic methods of characterization" jedha. Qooddattoonni kun seenaa asoosamichaa keessatti hirmannaa muraasa warra qaban yoo tahan tooftaa qooddachiisuu keessatti tokko yokiin lama gargaaramuun kan qooddachiifamanidha. Qooddattoonni xixiqqoon muraasni goobangaleessa wayita gargaaran gariin ammoo, masaanotaa gargaaru. Xiqqoo haa tahan malee hamma humna isaanii seenichi akka galma gahuuf tajaajilu.

#### 2.4.6.2 Qooddattoota Amalaan Qooddachiisuu

Qooddattoonni amala garaagaraan beekamu. Kana jechuun amala dhalli namaa qabu gonfatanii waan uumamaniif amala namoota garaagaraa bakka bu'uu danda'u. Isaanis qooddattoota jijjiiramoofi qooddattoota sanumee jedhamu.

##### 2.4.6.2.1 Qooddattoota Jijjiiramoo (dyamic characters)

Qooddattoonni jijjiiramoon seenaa asoosamaa keessatti ta'iiwwan irratti hundaahun kanneen jijjiirama agarsiisaa deemanidha. Akaakuun qooddattoota kanaa amala dafanii haalatti of firoomsuu waan qabaniif waan itti dhufuu jalaa ooluu dandahu.

Yaada kana Fedhasaa(2017:108) yoo ibsu,

> *Isaan akkasii namfakkiilee baay'ee hubatoo tahanidha.Waan isaanitti dhufuu jedhu jalaa miliquuf yeroo baay'ee isaanitti hinfudhatu.Eessaa akka kahaniif eessa akka gahan beeku.Namni yoo isaan gowwomsuuf kahe dafanii bira gahu. Walumaagalatti salphaatti harka hin kennan.kanaaf fakkeenya gaarii kan tahan Hayyudureefi masaanudha.*

Akka yaada kanarraa hubatamutti qooddattonni amala jijjiiramoo qaban goobangaleessafi masaanuu warreen tahanidha. Isaan kun qooddattota kaan irra hubannoo waan qabaniifi. Isaan kun lamaan tooftaa, amala, yaada isaanii jijjiirachuun walirratti ka'aa oolu. Wayita goobangaleessi daandii sirrii qabatee deemuuf jedhu, masaanoonni tooftaa isaa kana gargaaramuun karaa ittiin shakaalan tolfatu.

##### 2.4.6.2.2. Qoddattoota sanumee (achumee)

Qooddattonni daagii waan itti dhufu hinbeekan; raatuudha. Amalli isaanii jalqaba, gidduufi xumura irratti tokkuma. Adeemsa seenaa keessattis amala dhaabbataa qabu. Ilaalchi isaanii hinjijjiiramu; amantaa qabanis haala kamiin hinjijjiiran.Yeroo baayyee jijjiiramni seenaa isaaniif hoomaa miti. Baraa baratti amala walfakkaataa qabatanii darbu. Seenaa asoosamaa keessatti qooddattoonni xixxiqqoon amala kanaan beekamu. Walumaagalatti isaan kun faallaa qooddattoota jijjiiramoodha jechuu dandeenya. Seenaa keessattis achumee tahanii hafu.

### 2.4.7. Ulaagaalee Qooddattoonni Asoosama keessatti ittiin mul'ifaman

Barreessaan wantoota hawaasa keessatti raawwatamanii darban, kan raawwatamaaa jiraniifi gara fuula duraatti raawwatamuu danda'u jedhe yaadaan erga ilaalee booda qooddattoota ulaagaalee

garaagaraa irratti hundaa'ee hirmaachisuu danda'a. Qooddattoonni kaan gammadoo yemmuu tahan, gariin nigaddu. Kaan sooressa yeroo tahan, gariin hiyyeessa. Kan bilisummaan yoo jiraatu, gariin gabrummaa saggootti baatee deema.

#### 2.4.7.1 Hawaasummaa

Jiruu dhala namaa keessatti gammaduufi gadduun, jaalachuufi jibbuun waan jirudha. Qooddataan asoosamaas dhimma hawaasaa bakka bu'ee waan deemuf amala dhala namaa kana gonfachuun dirqama isaati. Hawaasa isaa sana fakkaachuu qaba.Yaada kana ilaachisee Max Gunter(1975):10) yeroo ibsu,

> *The writer emotional and stylistic approach the subject mater must be built into in to idea.That you must know before you must talk to any editor and before start to write,preciesly how you feel about the subject and how you want to reader feel..*

Qooddataan asoosamaa ija hawaasaan yemmuu ilaalamu hawaasicha keessatti maaliin akka beekamu asoosamicha keessaa argachuu dandeenya. Akkas gaafa jennu kan hammeenyaan beekamu, faallaa isaa kan gaarummaan beekaman tahanii mul'ifamuu dandahu. Odeeffannoon kun qooddattoota yookiin seenicha irraa fudhatamuu danda'a.

#### 2.4.7.2 Dinagdee

Ulaagaa barreessaan asoosamaa qooddattootaf kennee qooddachiisuu keessaa tokko dinagdeedha. Sababa dinagdeen qooddattoonni baayyeen walitti bu'u. Kaan qabeenya yoo qabaatan, kaan isaanii ammoo qabeenya gahaa hinqaban. Qabeenya qabaachuufi dhabuu isaaniis barreessaan yeroo barreessu kallattiinis tahe alkallattiin nihima. Kaayyoo guddaa asoosamni tokko akeekee barreeffamu keessaas haala dinagdee hawaasaa ibsuudha.

#### 2.4.7.3 Xiinsammuu

Ulaagaan kun xiinsammuu qooddattootaa wajjiin walqabatee kan dhiyaatudha. Barreessan qooddattoonni maal akka yaadan, fedhii maalii akka qaban, miira akkamii akka qaban, miira akkamii akka agarsiisan seenicha keessatti yeroo ibsu ni argina. Yaada kana ilaalchisee Lataa (2011:14) Walcutt (1966) wabeeffachuun yoo ibsu, "Adeemsa xiinsammuun qooddachiisuu keesaatti barreessaan waa'ee fakkaattii kallattiin hin ibsu, hinseenessu, yaadni fakkaattii akkamitti sammuu keessatti akka dhangala'u irraa kan hafe jechuudha" jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu barreessaan waa'ee qooddattootaa yemmuu ibsu waa'ee keessoo isaanii karaa alkallattii ta'een hima. Achirraa ka'uun qooddataan tokko maal akka yaadu, eenyuun akka tahe,

rakkoonsaa maal akka tahe hubachuun nidanda'ama. Haala kanaan dhiyeessuun hedduminaan abjuu, aarii, machii, gammachuu guddaa...qooddattootaa irraa ka'uun kan mul'ifamudha.

### 2.4.7.4. Fudhatamummaa Qabaachuu Qooddataa

Ulaagaa qooddachiisuu keessaa tokko tahee, karaa ittiin qooddataan tokko fudhatama akka argatutti ittiin dhiyeessanidha. Kunis dubbistoonni wayita asoosama dubbisan waan qooddataan sun tahe akka hinshakkineef gargaara. Yaada kana Lataa(2011) Chase(1992:37) wabeeffachuun yoo ibsu

> *Fictional characters are no more separable from the plots that contain them, the we are from the events that makes up our lives, Like us characters in the the literature have been formed past exprience; and loke us, what they are at any given point in their lives affects what happen to them.*

Yaadni kun qooddattootni asoosama keessatti jaargocharraa adda bahanii dhiyaachuu hinqaban; taatee jiruufi jireenya bu'uureffachuu qabu. Muuxannoo darbee irraa ka'uun, akkamitti akka as ga'e kan agarsiisu tahuu qaba. Fudhatamumman kunis amanamummaa fakkaattiifi fulla'uu dandahuu fakkaattii irratti hundahuun mirkanaa'uu danda'a. Amanamummaa fakkaattiin amala isaa kan tahuun beekamu yoo danda'eefi namummaan eenyummaasaa kan beekamu yoo tahedha. Fulla'uu danda'uu immoo jalqabaa hanga xumuraatti fakkaattiin tokko seenicha keessatti amala asoosamaa qabatee kan deemu yoo ta'eefi dhimma qabate qabatee kan socho'u yoo ta'edha.

## 2.5. Sakatta'a Barruu Walakkii

Qorannoon tokko wayita geggeffamu qorannoo dhimma sana fakkaatuun yookiin dhimma sanaan walitti dhufeenya qaban ilaaluun barbaachisaadha. Kunis hanqinaafi cimina qorannoo hojjetamee darbeefi isa hojjetamaa jiru wal cinaa qabanii xiinxaluuf nama gargaara. Kanaan walqabatees qorannoowwan sakatta'aman kan armaan gadiiti.

Lataa Tasfaa (2011) "Xiinxala qooddachiisa fakkaattota asoosama 'Imaana Imaltuu' irratti kan geggeeffame".Yuunvarsiitii Finfinneetti waraqaa qorannoo digrii tokkoffaa guuttachuuf qophaa'e. Kaayyoon gooreesaa:

- Barreessaan asoosama isaa keessatti maal irratti hundaa’uun miira akkami akka gonfachiiseefi bakka kamitti maal agarsiisuuf fakkattota akka hirmaacjise sakkata’uuf.

- Haala Qooddachiisa asoosamichaa sabseenaafi ergaa, akkasumas firiiwwan asoosama kanneen biroo wajjiin walbira qabatee deemuu isaa xiinxaluuf.

- Fakkaattonni asoosamichaa gahee maalii akka qabaniifi dhimma Qooddachiifamaniif agarsiisuu danda'uu isaanii: ija ogbarruuttiin ulaagaa guutee argamuu isaa madaaluu of keessatti qabata.

Taaddasaa Badhaasaa (2007) Xiinxala gahee nam-fakkiilee " Madaa Laagaa" kan jedhu waraqaa qorannoo ulaagaa digrii tokkoffaa guuttachuuf Yuunivarsitii Finfinneetti dhiyaatedha. Kan dhiyaates boqonnaa Afuritti qoodamuun yommuu tahu, kaayyoowwaan gooree isaa Maalummaa asoosamaa ibsuu, faayidaa namfakkiileen asoosamicha keessatti qaban ibsuu, gosoota namfakiilee asoosamicha keessaa ibsuu, hiika maqaa " Madaa Laagaa" xiinxaluu, gahee namfakiileen gamtaan qaban ibsuu, gahee namfakkiileen dhuunfaan qaban ibsuudha.

Qorannoon amma geggeeffamaa jiru kun isaan olii lamaan irraa kan adda godhu ni jira. Keessattuu kaayyoon gooree isaa adda isa taasisa. Kunis

. Qorannoowwan lamaan keessatti hariiroon qooddattooni waliin qaban hin qoratamne. Kun garuu kaayyoo isaa keessaa hariiroo qooddattoota agarsiisuun isa tokko. Kan Taaddasaa Ga'ee qooddattootaa xiinxaluu yemmuu ta'u, kun ammoo ga'ee qooddattootaa akka kaayyoo gooree tokkootti fudhate. Kaayyoon gooree isaa akkataa madaalamuufi yeroon daanga'ee (SMART) tahee dhiyaatee jira. Isaan olii lamaan garuu kaayyoo gooree isaanii akkaataa madaalamuu danda'uun waan dhiyaatan hinfakkaatan. Kun ammoo adda isa godha.

# BOQONNAA SADII: QAACCESSA RAGAALEE

Boqonnaa kana jalatti ragaaleen kitaabicha keessaa argamaan qaacceffamanii jiru. Isaanis gahee qooddattoonni asoosamichaa qaban, amala qooddattoota asoosamichaafi ulaagalee qooddachiisuu asoosamicha keessatti argamanidha.

### 3.1 Ibsa Gabaabaa waa'ee Asoosama Caba Cabaan Cabee seenaa Ta’e

Kitaabni asoosama "Caba Cabaa cabee seenaa Ta'e" jedhu kun kan barreeffame nama Qorichoo Shufeeraa Waarii jedhamuuni. Kan maxxanfame birraa bara 2020 yoo tahu, fuula 168 qaba. Qolli kitaabicha gurraacha fuulduraan fakkii Minilikii, Haayile Sillaaseefi Abiyyi Ahmed qaba.

Seenaan kitaaba kana nama Gadaa jedhamu akka goobangaleessatti fudhachuun barreeffame. Gadaan nama jedhamutuu ture. Abbaan isaa Obbo Caalaa jedhama. Obbo Caalaanis waraana mootummaa Wayyaaneen ajjeefame. Haadha Gadaafi hiriyaa Caalaa nama Guutuu jedhamu waraanni kun qabee mana hidhaatti darbate.Yeroo kana Gadaan abbaa isaa du’aan haadha isaa hidhaan waan dhabeef mana akaakayyuu isaa taahee barachuu eegale.

Barnoota isaa itti fufee qormaata biyyaalessaa kutaa 10ffaa fudhatee gara kutaa 11ffaatti qabxii gaarii fiduun darbe. Yeroo barataa ture kanattis qabsoo Oromoo barattoota Oromoo wajjin geggeessuu eegale. Haa tahu malee yeroo kana intala jaalala fakkeessitee itti dhiyaatte kan maqaanshee Lalisee jedhamtuutuu diinaaf dabarsee isa kenne. Qabamee mana hidhaa seene. Turtii waggaa muraasaan boodaa mana hidhaa gadilakkifamee barnoota isaa addaan kutetti deebi'e. Qormaataa kutaa 12ffaa fudhachuun qabxii gaarii fiduun Yuunvarsiitii Jimmaa seenee barnootasaa digrii tokkoffaa eegale.

Jimmattis ijoollee sabboontota baay'ee arguun dhimma Oromoo mariyachuu eegale. Gumii adda addaa kan dhimma Oromoo wajjiin walqabatan keeattis hirmaachii eegale. GAO(Gumii Afaan Oromoo) keessattis dabalamee Pirezidaantii tahuun tajaajiluu itti fufe. Yeroo kana namoota walitti qabamuu barattoota Oromoo jibbaniinin mooricha keessaa adamsamuu eegale. Keessattuu, dhimmoota nageenyaa morichan. Isaan keessaas, tokko Komaandar Kaamil Abbaa Joobir addan dureedha. Boodas akkuma gaafa kutaa 11ffaa keessaa qabamee barnootarraa hidhame sana Gadaan yeroo lammaffaa hidhame. Barnootasaas addaan kutee hireensaa mana hidhaa

taate.Turtee yeroo booda mana hidhaatii bahee barnootasaa itti fufe. Achiis eebbifamee hojii haa eegalu malee waa'een harmeesaa isa hinteesifne. Booda harmeessaa mana hidhaa baatee waraana Bilisummaa Oromootti akka dabalamte dhagahe.

### 3.2. Qooddattoota Gaheen qooduu

#### 3.2.1. Goobangaleessa

Goobangaleessi asoosama keessatti abbaa dhimmaa tahee dhiyaata.Yeroo mara seenaan asoosamichaa goobangaleessa giddugaleessa godhatee barreeffama.

**Gadaa**

Asoosama caba cabaa Cabee seenaa ta’e keessatti Gadaan goobangaleessa.

**Fkn1 Gadaan ija keenya! Ijo Odaa Boqata nuuf haa hiikamu:**

> *Gadaa hidhuun nu hunda hidhuudha. Gadaa hidhuun seenaa keenya hidhuudha* ---- *Gadaan ilma boorruti Boor geggeessaa keenya! Hayyuu hidhuun furdura keenya dukkaneesse. Dhaadannoo hiriirichi irratti Geg geeffaamaa ture.(fuula:103)*

Yaada armaan olii kanarraa kan hubatamuu Gadaan mana hidhaa seenuu isaati. Kan hidhames sirna yeroo sana biyya bulchaa tureenii. Dhaadannoo barattoota armaan oliirraa ka'uu Gadaan nama kaayyoo qabu akka ta’e hubanna. Kanas hima "Gadaan ilma booruufi hayyuu hidhuun furdura keenya hidhuudha" jedhu yoo fudhanne, Gadaan nama jireenya isaa keessaatti taattaaffii godhu, nama bor biyya geggeessu itti baay'ata. Kun ammoo milkiin Goobangaleessa tahuu nuuf mirkaneessa.

Fkn 2 << *Gadaaf jaalanni isaas darara kana hunda lubbuu oolaanii asgahan. Kun ammoo Kaamilif fakkaattota isaaf dhukkuba garaachaa ta'e*>> (fuula:139)

Waraabbiin armaan olii kun asoosama "Caba cabaan cabee seenaa ta'e" keessaa fudhatame. Kunis Goobangaleessuma Gadaa kan ittiin mirkaneeffanudha. Goobangaleessa asoosama hin mo'amu, kaayyoo isaa gad hinlakkisu, akeeka isaa bira gahuuf waan hunda obsaafi dandeettiin qabuun dabarsa. Gadaarra dararaan gahaa akka ture argina. Kun immoo masaanota isaa irraati. Kun ammoo amala goobangaleessuuma agarsiisa.

### 3.2.2 Qooddattoota Masaanotaa

Masaanonni warreen faallaa goobangaleessa dhaabbachuun kaayyoo isaarra dhabamsiisuuf yeroo mara irraatti hojjettamudha.

**Getaacho Hordofaa**

Fkn_1 *Namni irra hedduun basaasummaan waan shakkaa jiraaniif gaafa Geetaachoon qe'ee boo'a lagatu akka inni Caalaa nyaachisetti walin darbatu walakaan immoo hedduun bakkaaf ajoofti jedhaanii itti dhiisan. Warrilleen afaanii baasanii dubbachuu baatanis shakkuun isaanii hin oolle.*(fuula:37)

Akka ragaa armaan oliirraa hubatamutti Geetaachoon nama shiira xaxuu waraana mootumma waliin tahuun abbaa Gadaa obbo Caalaa nyaachiisedha. Abbaan Gadaa erga wareegamee booda, Gadaan rakkoolee adda addaa dabarsuun as gahe. Kan wareegamuu obbo Caalaaf sababa tahe inni dura isa waan ta'eef masaanota Gadaa keessa.

Fkn-2 *Bulchaa ganda Qilxuu Hobollee kan ta'e,obbo Geetachoonfaa jibbinsa isaanii hojii godhate fakkata .Wayita isaan argu iji dhiiga uffatee fuulli gurraachata.---hojiin keessan kana dhiyootti hin dhiiftan taanan boolla du'aatti isiin geessuu hin oolu.Dhiphumman abbaa keessanuu lubbuu isaa galaafate malee bu'aa hin buusneeti.*(fuula:69)

Yaadni armaan olii kun masaanummaa Geetachoo ifaatti lafa kaa'a. Jibbinsa Gadaafi maatii isaaniif qabu jecha inni dubbatu kanarraa baruun nidanda'ama. Himoota "wayita isaan argu ijji dhiiga uffatee fuulli gurraata" fi "abbaa keessan lubbuusaa galaafate" kan jedhan addumatti masaanuumma Geetachoo agarsiisu. Abba isaanii isatuu akka harka diinaa bu'uuf shira xaxaa ture.

**Komander Kaamil Abbaa Joobir**

Fkn. *Irra jireessi baratаа bahuusaaniiti gammadanii, cabdun waarra laateef duttu garuu gadditee oolte. Isaa keessaa komaander Kamil Abbaa Joobir adda duree ture.Komaander Kamil ajaajaa humna nageenyaa moorichaa ture.Diina guddaa sabboontota Yuuniversitiif Jimmaa ture. (*fuula:138)

Ragaan kun asoosama "Caba cabaan cabee seenaa ta'e" keessa fudhatame. Kunis masaannonni Gadaa komaander Kamil Abbaa Joobir tahuu kallattiin nutti hima. Gadaa Yuunivarsitii Jimmaa osoo baratuu mana hidhaatti darbatamee ture. Sababa hidhamuu Gadaaf barattoota kanneen biroo kan ta'e, asirraa hubachuun ni danda'ama. Kan kaayyoo Gadaa dura dhaabbatee akka inni hidhamuf sababni Komander Kamil Abba Joobir ture.

### 3.2.3 Qooddattoota Gargaatuu (Xixxiqqoo)

Isaan kun warreen seenaa keesaatti hirmanna xiqqaa qabaniifi barbaachisummaan isaanii muraasa ta'edha. Seenicha fuuldura deemsisu keessatti ga'ee muraasa qabu.

Fkn1 *Hiriyoonni Gadaa hedduu ta'anis Caalaatti kan garaa waliin beekan Gadaafi dureetti dabalatee ,Dannaboo Jibeessoo,Dursaa Suufiyaan, Daraara Dhiinsaa,Bassa Kadir,Amannuu'eel Deebisaa,Battee Balchaa,Baatuu Tulluu,Ayyaantuu Gaaddisaafi Guddatuu Doorii ta'a turan.*(fuula:68)

Maqaa namoota armaan olii keessatti tarreeffamni gahee muraasa qabu. Bakka muraasatti dhufan. Namoonni kun osoo hafanis hagas mara waan dhiibbaa fidan hinqaban. Kana jechuun barbaachisummaan isaanii muraasa waan taheefi. Kun ammoo amala qooddattoota xixxiqqooti. Duraan osoo Yuunivarsitii Jimmaa hin seenin ijoollee kana waliin wal hin beeku. Seenichi kan Gadaati malee kan isaanii miti.

## 3.3. Amala qooddattootaa

### 3.3.1. Qooddattoota jijjiiramoo

Qooddaattoonni jijjiiramonni amala dafanii haalatti of firoomsuu qabu. Yeroo baay'ee Goobangaleessaafi masaannoonni amala kana beekamu.

**Gadaa**

Gadaan goobangaleessa asoosama Caba cabaan cabee seenaa ta'ee yeroo ta'u, masaanota isaa mo'achuuf tooftaa garaagaraa fayyadamu dabaa isaanii jalaa of olchaa ture.

Fkn "*kana hunda godhee yoo ragaa homaatuu dhabe bineensa isa caaluuf dabarsee dararaa biraaf saxila.Gadaaf jaalonni isaas darara kana hunda dandamatanii lubbuun oolanii as gahan*".

Yaadni kun osoma rakkoowwaan hedduun jiranii Gadaan rakkoo kana hundaa obsaan dabarsuu isaa nutti hima. Kun ammoo amala goobangaleessa tahuusa agarsiisa. Goobangaleessi haalatti of firoomsaa deema. Tooftaa ittiin masaanota isaa jalaa bahu beeka.

**Geetachoo**

Geetachoon asoosama kana keessaatti ga'e masaanummaa qabatee kan dhiyaateedha. Innis amala jijjiiramaa qaba.

Fkn...*Geetaachoon komiifi shakkii namoota kana ofirra kasuuf haa ta'uu,shira biraatiif haa ta'uu waan inni yaade dhufe beekamuu baatus taa'ee daqiiqaa xiqqoo booda ol seenee akkuma namoota kaanii hojii gargaraa bira oole.*(fuula:38)

Afeen kun asoosama Caba cabaan cabee seenaa ta'e keessaa fudhatame. Akka yaada armaan oliirra hubatamutti Geetachoon amala haalatti of firoomsuu qaba. Kanas erga abbaa Gadaa obbo Caalaa ajjeesisee booda of bira dabarsuuf jedhee gara mana Gadaafaa deemee akka waan sana keessaa harka hinqabnetti of fakkeessa. kun ammoo amala masaanumma ta'uu bira darbee, jijjiirama ta'uusaa ifatti agarsiisa.

**Lalisee**

Laliseen intala jaalala fakkeesitee Gadaa dabarsitee diinaaf latteedha.

Fkn. *Laliseenis dubbiin bubbulchine.Barii gaafasii gahame akka abbaan warrashii manaa baha gara hojii deemeen mana.Atinaaf lixxee jilba Gadaarratti jigdee imimman lobafte.*(fuula:148)

Akka yaada armaan oliira hubatamutti, Laliseen balleessaa goote Gadaa dagachiisuuf jettee dhiifama gafaafachuu isheeti. Taateen kun kan ta'e erga Gadaan mana amala sirreessatti baheedha. Duraan warra akka diinatti Gadaa ilaalaan wajjiin taatee Gadaa shakaalte. Boodaa garuu Gadaatti of firoomsuuf dhiifama gaafatte. Kun ammoo amala masanuu ta'uu ishee ibsa. Darbees amala jijjiramaa qabaachuu ishee agarsiisa.

### 3.3.2 Qooddattoota Sanumee /Achumee

Qooddattoonni sanume adeemsa seenaa keessatti warreen amala dhaabbataa qabanidha. Isaan kun waan itti dhufu hin beekan; jijjiirama hin agarsiisan. Irra caalaa qooddattoota xixxiqqootuu amala kanaan beekama.

**Tolasaa Beenyaa**

Fkn...*Xiqqaatee walakaa waggaaf dhokkatee dhukkubsatus,karaa durbiinsaa Tolasaa Beenyaatiin, ogeettii wal'aansa dhukkubasaa kan taate gurra fittaaleesa gahe.*(fuula:58)

Tolasaa Beenyaa nama asoosama kana keessatti gahee isaa muraasa tahedha.Amalli isaas kan jijjiirame miti.

**Guutuuf Haadha Warraa Caalaa**

Fkn. *Haati manaa Caalaa abbaan warra ishii yakka ajjeechaa raawwateef kan barbaadamtu yoo ta'u,Guutuu immoo deggaraa Caalaati jedhamee waan shakkameef seeratti dhiyaatee jecha akka kennuufi.*(fuula:39)

Akka yaada armaan olii kanarraa hubatamutti erga Caalaan wareegamee booda Guutuufi haati manaa caalaa qabamanii hidhaman. Kun ammoo waraanan osoo isaan qabuuf barbaaduu dammaqoo ta'uu dhabuu isaanittin qabaman. Osoo dammaqoo ta'anii carraa hinqabamiin hafuu qabu. Haaluma kanaan isaan lamaan qoddattoota  sanumee tahu isaanii agarsisa.

### 3.4. Ulaagaalee Qooddattoonni ittiin Beekaman

Barreessan asoosama tokkoo ulaagaalee garaagaraatiin qooddattoota mul'isa. Kan qabeenyan ofdanda'ee yoo dhabbatu, faallaa isaa immoo kan hiyyummaan mana itti ijaarratee jira. Kaan gammadee yoo burraaqu, kan gaddatuu boquu cabsa. Qooddattootaan tokko haala jiruuf jireenya hawaasa ibsuu qaba

#### 3.4.1 Hawaasummaa

Jiruufi jireenya hawaasummaa keessaa gaddafi gammachuu, jaalalafi jibba, walitti dhufeenya adda addaatuu jira.

Fkn1 "*Kaamettiin imimmaaniin fuula dhiqachuun ala kana dhaga'a hinjirtu. Boo'ichishee kun dura isaanis garaa balleessee wwaliin boo'aniis maayiirra isheef dhukkubsatanii sossobuu hindhiifne*". (fuula:36)

Yaadni armaan olii kana kitaabichaa keessaa fudhatame. Innis jiruufi jireenyi hawaasummaa asoosama maal akka fakkaatu agarsiisa. Kaamettiin harmee Caalaadha. Du'a ilma isaaniif gaddu. "Imimmaaniinn fuula dhiqachuun"kan jedhu akka malee gadda keessa jirachuushee agarsiisa. Kun ammoo jireenya addunyaa kanaa keessatti kan hin oolledha.

Fkn 2 "*Imimmaan dhaanquu ija keessaa gadi jigu maddoo bo'oo lolaa godhatee, morma jalatti waldaya uimmatee, akka mana ajjeerraa badee dhimmisuutti gadi rabbisaara. Huccuin qoma ishee imimaaniin coolla'ee kan roobni tortorse fakkaata.*"(fuula:92)

Yaadni armaan olii kun kan agarsiisu haala jireenya aadde Fitaaleeti. Aadde Fittaaleen waa'ee jireenya adduyaa kanaa jibbitee kan yeroo hundummaa gadditudha. Imimmaan lolaasuun ishee, akkasumaan akka hintaane agarsiisa. Jiruufi jireenya keessatti akkuma gammachuun jiru gaddis jira. Kanaafuu afeen olii kun kan hawaasummaa agarsiisuf dhiyaatedha.

### 3.4.2 Fudhatama Qabaachuu

Fudhatama qabaachuu qooddataa kan jedhamu qooddatan sun yoo waan qooddachiifameef sana agarsiisuu dandahedha. Kana jechuun hawaasa naannoo jiraatuu sana fakkaachuun dirqama. Kana hintahu taanan fudhatamummaan isaa nama mormisiisuu danda'a. Asoosama kana keesaattis qooddattoonni waan qooddachiifamaniif agarsiisaniiru. Gadaan kaayyoo qabatee ka'e Milkeessee jira. Hawaasa Oromoo bakka bu'ee dhiyaate. Keessattuu dargaggoota Oromoo sababa siyaasa xaxamaa biyya kanaan rakkina keessa jiraatan agarsiisa.

# BOQONNAA AFUR: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaa kana jalatti mata dureewwan sadii kan dhiyaatanidha. Cuunfaan qorannoo kanaa, argannoon qorannoo kanaan argameefi yaboon dhiyaatee jira.

## 4.1. Cuunfaa

Qorannoon kun boqonnaa afur kan of keessaa qabu yemmuu tahu, as keessatti hojii kalaqaa Qorichoo Shufeeraa Waarii kan ta'e asoosamni dheeraa "Caba Cabaan Cabee Seenaa Tahe" jedhu xiinxalaaf dhiyaateera. Mata duree qorannoo irratti geggeeffame "Xiinxala Qooddattootaafi Malleen Qooddachiisuu asoosamicha irratt xiyyeeffata. As keessattis, ga'ee qoiddattoonni asiisama kana keessatti qaban ibsamaniiru. Ulaagaalee qooddattooni ittiin mul'ifaman fakkeenya waliin ibsamanii jiru. Kunis mala xiinxala akkamtaa gargaaramuun yemmuu tahu, ragaalee kitaabicha keessaa fakkeenya lamaafi isaa oliin kan ibsamedha.

Dabalataanis, asoosama kana keessatti utubaa namni tahe adda bahee dhiyaatee jira. Akkasumas goobangaleessa kan morkatan eenyuu fa'aa akka tahaan addaan baafamanii ibsi itti kennameera. Kunis ga'ee qooddattoonni asoosamichaa qaban agarsiisuudha.

Walumaagalatti asoosama kana keessatti ulaagaa qooddattoonii ittiin mul'ifaman, ga'ee qooddattoonni asoosamicha keessatti qabaniifi amala qooddattoonni agarsiisan fakkeenya waliin ibsi itti kennamee dhiyaateera. Dhumarratti yaadni qorannoo asoosamicha gabaabinaan cuunfamee dhiyaateera. Haaluma kanaan argannoon gaaffilee bu'uuraa qorannichaa deebisuu yemmuu dhiyaatu, yaboo asoosamichaas dhiyaateera.

## 4.2. Argannoo

Qorannoo tokko wayita geggeeffamu gaaffii deebisuu ka’e qaba. Gaaffii kana deebisufi deebisuu dhiisuu isaa argannoo qorannoo sanaatuu mirkaneessa. Haaluma kanaan qorannoon kun wayita geggeeffamaa turetti argannoowwa armaan gadii argamaniiru.

1. Gadaan utubaa asoosama kana ta'e dhiyaatee jira. Innis haala jiruufi jireenya saba Oromoo haalaan qabatee dhiyaate. Keessattu dargaggoota Oromoo dhiibbaan irra ga'aa tureefi hammas irra ga'aa jiru agarsiiseera. Kana biratti Masaanotaa isaa ta'anii kan dhiyaatan Komaandar Kaamil

abbaa Joobir, Laliseefi Geetaachoo Hordofaa ta'uun beekameera. Qooddattoonni xixxiqoo kan seenicha keessatti hirmaannaa muraasa qabaniis dhiyaatanii jiru.

2. Siyaasni addaan ba'uu maatii obbo Caalaaf sababa jalqabaa tahee jira. Sababa siyaasaan Caalaan du'uun maatii isaa aarsaa guddaa kaffalchiisee jira. Darbees, hawaasummaafi dinagdeen ari'atamuu Gadaf sababa turan.

3. Gadaan amala dafee haalatti of firoomsuu qaba. Kanaanis rakkoowwan itti dhufa jalaa ooluu danda'ee jira. Kanas, ciniinnatee barnoota isaa xumuruun isaa ragaa tokko.

**4.3. Yaboo**

Asoosamni kun haala jiruufi jireenya uummata Oromoo keessattuu kan dargaggoota Oromoo bu'aa ba'ii dabarsan haalan ibsa. Namni tokko sababa hawaasumma, dinaagdeefi siyaasaan dhiibbaan akka irra gahu haalaan agarsiisa. Waa'ee tokkummaa Oromoota amantii garagaraa hordofaniifi kutaalee garaagaraa keessa jiraatanii ni cimsa. Kanaaf, namni gara fuula duraatti kitaaba kana irratti qorannoo geggeessu yoo jiraate:

1. Asoosama kana kallattii ija yaaxxina Maarkisiizimiin osoo qoratee gaarii taha.
2. Asoosamni kun dhugaa hawaasaa bu'uureffatee waan barreeffamees osoo kallattii yaaxxina dhugummaan ilaalee gaariidha.
3. Gochoonni asoosama kanaa baay'ee walirratti hirkatanii waan deemaniif kallatti Sabseenaan qorannoo irratti geggeesduif mijataadha.
4. Goobaangaleessa asoosamichaa dhugummatti amala goobangaleessummaa waan qabuuf, namni goobangaleessa irratti qorannoo geggeessuu barbaadeefis mijataadha.

## Wabiilee

Addunyaa Barkeessaa. (2019). Akkamtaa. Finfinne: ......

Asafaa Tafarraa. (2009). *Eela: Seenaa Oguma Oromoo.* Finfinnee: Far East Trading Plc

Beekan Gulummaa. (2011). Yandoo: Ogummaafi ogwalaloo Oromoo. Finfinnee: Oromiyaa

Fedhasaa Taaddasaa. (2017). *Bu'uuraalee Og-barruu Oromoo.* Finfinnee: Elsabaa Printing press

Filee Jaallataa. (2019). Malleen qorannoo. Finfinnee. ADP press.

Geetaachoo Rabbirraa. (2005). Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo. Finfinnee: Kurazz International publishing Interprise.

Lataa Tasfaa. 2003. Xiinxalaa qooddachisaa imaanaa imaaltuu digiiri tokkooffaa guuttachuuf

yuunvarsiitii finfinneef kan dhiyaate.( Kan hin maxxanfamiin)

Harry Shaw. (1976). Dictionary of literary Terms. New York: MC Graw Hill book campany.

Max. Gunter. (1975). Writing and selling a Non fiction book. Boston The Writers Inc publisher.

Qorichoo Shufeeraa. (2020). Caba Cabaan Cabee Seenaa Tahe. Finfinnee.

Taaddasaa Badhaasaa. (2007). *Xiinxala Ga’ee Nam-fakkiilee Asoosama Madaa Laagaa.* Yuunivarsiitii Addis Ababaa (kan hinmaxxanfamne)

World Encyclopedia. V. 12. 1994. PP. 351-358

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani barattuun maqaafi mallattoon koo armaan gadiitti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii koo ta’uu isaa ibsaa,hojiin kun kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti kan hin dhiyaannee,ta’uu isaafi yaadawwan qorannoo kanaa dubbisee hunda isaanii wabii keessa kaa’uu koo mallattoo kootiin mirkanneessa.

Maqaa Qorattuu.______________________________

Mallattoo_______________________

Guyyaa _____________________________________

Maqaa Gorsaa________________________________

Mallattoo_____________________________

Guyyaa ________________________